Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate



Aaqa, Iddoo jireenya Waaqayyoo isa bareedaa

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Lazarus; Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Sarah S.

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2020 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Yesuus yeroo lafarra ture sanatti waa'ee Waaqaa bartoota Isaatti himee ture. Innis "Mana Abbaa koo" jedhee ni waamaan ture, akkasuma



immoo achii kutaawwan danuun akka jiran ni dubbata ture.

Mana babbareedaa isa baay'ee bareedaatu jira. Waaqni iddoo jireenyaa isa lafarraa kamiyyuu caalaa baay'ee bareedaadha.

Yesuus "Iddoo isiniif qopheessuuf nan deema. Achii deemee iddoo yoon isiniif qopheesse, ofii kootiif isiin fudhachuuf deebi'ee nan dhufa" ...



... jedhe Yesuus erga du'aa ka'een booda gara Waaqaa ni deeme. Otuu duuka buutonni Isaa Isa argaa jiranuu Yesuus ol ni fudhatame, ...



... sana booda duumessi iddoo olka'aa isaaniitii gadii bu'ee Isa ni simate.



Sana booda, Kiristiyaanonni kakuu deebi'ee dhufee isaan fudhatuu ni yaadatu. Yesuus akka tasaa yeroo akka eenyullee Isa hin eegnetti akka dhufu dubbatee ture.

Waa'een Kiristiyaanota osoo inni hin dhufin du'an hoo maal ta'u? Macaafnii Qulqulluun isaan kallattidhaan Isaa wajjin ta'uudhaaf akka deeman ni dubbata. Foon

dhiisuun Gooftaa wajjin ta'uu dha.

Mul'atni kitaabni inni dhumaa macaafa Qulqulluu, Waaqni hammam dinqii akka ta'e nutti ni hima wanti wantoota hundumaa caalaa dinqii ta'e, karaa baay'ee adda ta'een, ...



... Waaqni iddoo jireenyaa Waaqayyooti Waaqayyo iddoo hundumaatti ni argama, garuu immoo iddoon teessuma ulfina Isaa Waaqarra.



Ergamoonnifi kanneen Waaqarra jiran Waaqa irratti Waaqayyoof ni sagadu. Sabni Waaqayyo kanneen du'aniifi gara Waaqaa deeman akkasuma ni godhu. Isaan faarsaa galataa Waaqay-yoon faarsuni faarfatu.

Faarsaa isaan faarsan keessaa jechoonni muraasni kunoo: KITAANICHA FUDHUUN, CHAAPHAA KITAABICHAAS HIIKUUN, SIIF MALA; SABABIIN ISAAS ATI QALA-MTEE, GOSA ...

... HUNDUMAA KEESSAA, SABA HUNDUMAA KEESSAA, SANYII HUNDUMAA KEESSAA, DHIIGA KEETIIF WAAQAYYOOF NAMOOTA BITTEER-JAATII (Mul. 5:9)

Fuulli gara dhumaa Macaafa Qulqulluu Waaqa akka fakkeenya "yeruusaalem Haaraatti" ni ibsa. Waaqni baay'ee baay'ee guddaa fi waan dallaa (Keenyan) baay'ee guddaa ta'e kan qabuu dha.



Keenyanichi dhagaa calqqisaa, baalcii baay'ee bareeduun kan miidhagee dha. Wantoonni miidhaginaafi dhaaagaan galii jabaa haalluuwwan nama hawwatan calqqisiis-



uudhaan keenya-nicha uwwisanii jiru.

Balbaloonni magaalichaa tokkoon tokkoo isaanii kan hojjetaman somboo (inquu) guddaa walitti hin diramne tokko ta'eeni.



Balbaloonni dhagaa galii jabeessa kanarraa hojjetaman gonkumaa hin cufaman. Mee deemnee haa ilallu… Waaw!



Waaqni keessi isaa atiyyuu baay'ee ni qulqulluu irraa hojjetamte, akkuma burcuqqoo qulqulluu bareeddi.



Karaan isaatuu kan hojjetame warqee irraayi.



Lagni bishaan jireenyaa iddoo teessoo Waaqayyootii ni yaa'a. karaa biraa lagichaatiin immoo muka jireenyaa, isa jalqabarra iddoo Qannoo Edan keessa turetu jira.



Mukni kun muka baay'ee adda ta'eedha. Ijoola gosoota adda addaa kudhalama ni godhata. Akkasuma immoo baalonni mukicha sabani akka dhukkuba isaatii fayyu godha.



Waaqni ifa argachuuf aduus ta'ee addeessa (Ji'a) hin barbaadu. Ulfinni Waaqayyoo mataan isaa ifa dinqii isaatiin isa guuta. Halkan homaatu achii hin jiraatu.



Beelladoonni Waaqarraa mataan isaanii adda. Isaan hundi isaanii kan wal hin nyaannee fi kan michummaadhaan wajjin jiraatanii dha. Jeedalli fi hoolaan marga waliin nyaatu.

Kan biraa haa hafuutii leenconni iyyuu akkuma sangaa galabaa ni nyaata. Gooftaan "Gaara uolfinaa koo irratti isaan walii walii isaanii hin miidhan" ni jedha.

Akkuma ilaalle, wantoonni Waaqa irra hin jiraanne ni jiru. Jechoonni nama aarsan tokkollee wal hin lolu, ykn immoo ofittoo hin ta'u.

Furtuun homaatuu balbala irratti hin argaman, sababni isaas hattoonni tokkollee achitti hin argaman.

Kanneen soban kanneen nama ajjeesan, namni hafuura hamaa qabu, ykn namoonni amala jalloonni kan biroo tokkollee hin jiran. Waaq-arra cubbuun gosa kamiituu hin jiru.

Waaqarra Waaqayyoo wajjin yoo ta'an boo'ichi homaatuu hin jiru. Yeroo tokko tokko, sabni Waaqayyo sababa gadda jireenya isaanii keessatti ta'uun ni boo'u.

Waaqayyoo keessatti
ta'uun ni boo'u.
Waaqaraatti garuu,
Waaqayyo imimmaan
kamiyyuu ni haqa.

Waaqarra duuni homaatuus hin jiru. Sabni Waaqayyoo bara baraaf Waaqayyoo wajjin ni ta'u. Gaddi homaatuu hin jiru, booyichi homaatuu hin jiru, dhukkubnis.



Dhibeen homaatuu, gidiramun homaatuu, awwaalli homaatuu hin jiru. Wanti Waaqa irratti ta'u hundumtuu Waaqwayyoo wajjin gammac-huudhaan jiraachuudha.



Hunduma caalaa, Waaqni ijoollee dhiiraafi durbaa (kanneen ol guddatan) kanneen Yesuus Kiristoos akka fayyisaa isaaniitti fudhatanii akka Gooftaa isaaniitti Isaaf abboomamaniifisi.

Waaqarratti kitaabni kitaaba jireenyaa kan Hoolichaa jedhamu ni jira. Inni maqaa namootaatiin kan guutamee dha. Maqaan eenyuu akka irratti barreeffame ni beektuu?

Namoota amantii isaanii Yesuus irratti godhan hundumadha. Maqaan keessan isarra jiraa?

Jechoonni Macaafa Qulqulluu kanneen dhumaa waa'ee Waaqaa daaw'annaa dinqiidha.



“Hafuurichi fi misirrittiin ‘koottu’ jedhu! Namni dhaga’us, ‘Koottu!’ haa jedhu.



Namni dheebotu cufti haadhufuu;
kan barbaadu cuftinuus bisaan
jereenyaa tola haa fudhatan."



Aaqa, Iddoo jireenya Waaqayyoo isa bareedaa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Yohaannis 14; 2 Qorontos 5;
Mul'ata 4, 21, 22

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante,
Waaqayyoon akkas jedhiin:
Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya koottii koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16